

Dhiibbaan haalli itti Fayyadama Loogaa, Afaan Oromoo Barachuurratti qabu: Dhaabilee Barnoota Ol'aanaa filataman keessatti

Ashennaafii Tarrafaa*¹, Wandimmuu Taganyee ² fi Alamu Waaqgaarii ³

¹Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa

²Yuunivarsiitii Amboo Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa

³Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa

Corresponding author: Email: aterefe431@gmail.com

AXEERERAA

Kaayyoon qorannoo kanaa, dhiibbaa haalli itti fayyadama loogotaa, Afaan Oromoo barachuurratti qabu maal akka fakkaatu xiinxaluun rakkoolee adeemsa raawwii kana keessatti mul'atan adda baasuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf, saxaxa qorannoo ibsaatu hojiirra oole. Irraawwatamni qorannoo kanaa, dhaabilee barnootaa ol'aanaa jiran keessaa yunivarsiitiwwan, jechuunis: Amboo, Arsii, Bulee Horaafi Jimmaa ulaagaan filataman irratti kan xiyyeeffatedha. Barattootni mala iddatteessuu carraa keessaa iddatteessuu qoqqooddiirratti xiyyeeffate (Stratified Random Sampling) fi barsiisotni mala iddatteessuu mit-carraa keessaa akkayyoorratti xiyyeeffachuun kan filatamani dha. Haluma kaanan, barattoonni 52 bu'uura foormulaa Yamaaneh (1967), hangi iddattoo (sample size) barattootaa yunivarsiitiwwan afranii malleen carraa jiran keessaa mala carraa qoqqooddiirratti xiyyeeffateen (Stratified Random Sampling) kan filatamandha. Barsiisotni 20 seenduubee loogaa isaanii irratti hundaa'anii kaayyoon kan filatamanidha. Walumaa galatti, ragaaleen hammamtaafi akkamtaa akka amala isaaniitti mala lakkoofsaafi jechootaan qindeeffamanii ibsamuun kan xiinxalamandha. . Ragaalee xiinxalamanirraa argannoowwan bira gahamanis, garaagarummaan loogaa barattootaafi barsiisota gidduu jiru, guutummaa guutuutti walhubachuurratti hanga ta'e dhiibbaa kan uume ta'uu, yaadannoowwan barnootaaf qophaa'an keessatti haalli itti fayyadamni jechoota loogaan walqabatan tokko tokkoo hubannoo barattoota muraasaa qofa kan giddugala godhataniifi iftoomina barbaadan akkasumas dhiibbaaleen adeemsa itti fayyadama keessa uumamaniin qaawwa gama waliigalteen hanga ta'e mul'atuuf sababa ta'uutu hubatame Gama kaaniin, dhiibbaaleen sababa ilaalchota garaagaraa loogaan walqabatanii calaqqisiifamaniin beekaas ta'e tasa looga waliirratti kolfuufi qoosuun, dhiphinii, sodaa akkasumas miirri gad'aantummaan barattoota tokko tokkoratti mul'atu, hamilee isaanii miidhamuun fedhiifi hirmaannaa isaan barnootaaf qaban hir'isaa kan dhufe ta'uu ragaan jiru agarsiisa. Rakkooleen sababa haala itti fayyadamaanis ta'e dhiibbaalee loogaan, xiinsammuu, milkaa'ina barnootaafi naamusaan

walqabatanii uumaman xiyyeeffannoo barbaadu.Kanaafuu, leenjii dabalataa waa'ee garaagarummaa loogaarratti muuxannoofi hubannoo gaarii kennu qopheessuu,imaammata itti fayyadama loogaa qajeelchu qopheessuu akkasumas, loogoota Afaan Oromoo qoolifamanii haala hammataa ta'een afaan karoorsuun(waalteessuu) barbaachisaadha.

Jechoota ijoo: Afaan, Barachuu, Dhiibbaa, Hubannoo, Ilaalcha, Looga

SEENSA

Seenduubee

Loogaafi barnootni afaanii hariiroo cimaa qabu (Nancy & Sandra,2010).Yaadrimee kanaan walqabatee,Labov & Hudley (2009), itti fayyadama afaanii keessatti dhimmi loogaa waa'ee caasaalee xiinqooqaa qulqulluu (pure linguistic structure) barachuufi barsiisuurra darbee fakkoommiiwwan (symbol) garaagaraatiin bakka bu'uun kan hubatamuu qabu ta'uu ibsu garuu ammoo, xiyyeeffannoon barnoota keessatti loogaaf kennamu laafaa ta'uu isaa yoo ibsu, Marissa (2017),“Dialect plays critical roles in education, though the magnitude is often not addressed or fully understood by educators” jedha.Kanaafuu,akka yaada qorataa kanaatti,dhimma loogaarratti hubannoo gahaa qabaachuu dhabuun ogeessota afaanii,wal gituu dhabuun raawwii daree barnootaa fi seenduubee loogaa barattootaaf sababa ta'uun,adeemsa afaan barachuu keessatti barattoota dhiibbaalee garaagaraatiif kan isaan saaxiluu danda'u ta'uu isaa muuxannoo qaburraa ka'uun ibsa.

Qaamota itti fayyadama afaanii keessaa isa tokko kan ta'e, dhimmi garaagarummaa afaanii(loogaa) akka waliigalaatti, sirna barnootaa,barachuufi barsiisuu akkasumas madaalliirratti dhiibbaa kan qabaatu ta'uu isaa, Cramer (2016) “Since teaching and learning occur through language, teachers need a broad understanding of language variation and how it affects curriculum, instruction, and assessment.” jechuun ibsa. Kanaafuu, yaaduma kana ka'umsa godhachuun, dhimmoota barachuufi barsiisuu keessaa isa tokko kan ta'e , haalli itti fayyadama loogotaa, Afaan Oromoo barachuu waliin walqabachuun raawwiin isaa maal akka fakkaatu xiinxaluu dha; kunis kaayyoo qorannoon kun qabatee ka'e keessaa isa bu'uura ti.

Adger & Christian,(2007), adeemsa Itti fayyadamaa keessattis, kallattiin jijjiiramoota(variables) afaan barachuu waliin walqabsiisuun, haalli itti fayyadama loogaa hubannoo barnootaa

barattootaarratti dhiibbaa kan qabu ta'uu isaa yeroo ibsu, "The use of the students' variety in education enables the students to use their own potential and helps them to achieve 'deep learning.' Moreover, the consideration of dialects in education enhances the social, cognitive, emotional and linguistic development of learners' in and out of school." Jedha.Kunis, barnoota keessatti garaagarummaa loogaa barattootaaf xiyyeeffannoo kennuun barsiisuun, barattootni dandeettii qaban akka fayyadaman, barnoota isaanii haala gadifageenya qabuun akka baratan akkasumas hubannoo dhimmoota hawaasummaa, miiraafi afaaniin walqabatan akka guddifatan kan isaan gargaaru ta'uu dhaama. Qorataan kunis gama isaatiin, daree barnootaa afaanii keessatti, hubannoon hunda galeessaa barattootni fakkoommii loogaan walqabatee horatan bal'isuun, 'milkaa'ina barnootaa dhugoomsuu dha' yaada jedhu qaba.

Gama kaaniin ammoo, Wolfram & Cullinan.(2014), dhiibbaan haalli itti fayyadama loogaa hamilee barattootaarratti qabu yeroo ibsu, "In language education, focusing only on the standard language may lead to the loss of self-esteem and self-confidence by speakers of nonstandard varieties" jedhu.Kana keessatti, loogni waalta'aa jedhamu qofa kan hojiirra ooluufi inni hinwaaltofne jedhamu kan xiyyeeffannoo hinargatiin yoo ta'e,dhiibbaan inni looga hinwaaltofne dubbatanirratti inni uumuun walqabatee, tilmaamni barattootni kunneen looga ofiif qaban akkasumas ofitti amantaan isaan loogasaaniirratti qaban kan hir'achaa deemu ta'uu kan ibsudha.. Yaadni kunis,loogotni sadarkaalee guddinaa garaagaraarra kan jiran ta'us, lachuu amalaafi caasaa afaanii mataa isaaniin madaalamuu qabu waan ta'eef, isa tokko ol kaasuufi isa kaan gadi qabuun akka hinmalle hubachiisa.Qorataan kunis, barsiisaan ykn barataan Afaan Oromoos looga lachuu haala walqixa ta'een dubbachuun dirqama irraa eegamuu baatus, garaagarummaa loogaatiif ilaalcha gaarii qabaachuun dhiibbaa ilaalcha faallaa(negative attitude) loogarra ga'u hir'isuun kan danda'amu ta'uu ibsa.

Egaa, dhiibbaaleen adeemsa afaan barachuu keessatti uumaman gaafa finiinaa dhufan, gara rakkootti jijjiiramuun isaanii kan hinoolle dha.Kanas, Charity & Mallinson(2014),dhimmi loogaa madda rakkoo barachuufi barsiisuu ta'uu isaafi ogeessi barnootaa rakkoo kana akkamitti akka furuu qaban ilaalchisee akkana jedhu:

Educators will thus be better equipped to handle problems of dialect that emerge. As they become more sensitive to the cultural differences that influence teaching and learning, teachers will be

able to modify the ways in which they interact with dialect-speaking students to better accommodate them, not only in actual instructional methods, but in other ways as well.

Yaadni kun, barsiisaan afaanii tokko, daree barachuufi barsiisuu garaagarummaan (Fkn.gama aadaan ykn loogaan) barattootaa jiru keessatti, malli ittiin barsiisu, fedhii ykn seenduubee barattootaa waliin walsimsiisuufi madaqsuun barsiisuun isaa rakkoolee barnoota afaanii keessatti mudachuu danda'an hir'isuurratti gahee ol'aanaa kan qabu ta'uu kan dhaamu dha.

Kanaafuu, akkuma Bachore (2014), haalli itti fayyadama loogaa barachuufi milkaa'ina barnootaa barattootaarratti dhiibbaa qabaachuu isaa dhiyaannaa sadiin qooduun “Important avenues for supporting learning and achievement are: developing a student’s first language, attending to the dialect or language variety that students speak, and engaging students in explicit instruction” jedhe kun,ogeessoota kallattiinis ta’e al-kallattiin barnoota afaanii keessatti qooda fudhataniif hubannoo kennuun,rakkoolee barnoota afaanii dhiibbaalee ilaalchaafi raawwii/ itti fayyadama loogaan walqabatanii mul’atan hir’isuu keessatti gahee guddaa kan taphatan ta’uu mala dhahuuf kan dandeessisudha.

Haata’u malee,qorataan kun mudannoo ykn muuxannoon inni qabatamaan kutaa barnoota afaanii keessatti taajjabe akkasumas bu’aalee qorannoo dhiyoo qorattoota garaagaraarraa ka’uudhaan,adeemsa Afaan Oromoo barachuu keessatti dhiibbaa itti fayyadama loogaan walqabateen uumamuun rakkooleen barnoota afaanii keessatti kan mul’achaa turaniifi, ammallee kan mul’achaa jiran ta’uu hubate.Kun ammo kaninni mul’isu, ilaalchiifi haalli raawwii barattootaafi barsiisotaa rakkoolee sababa dhiibbaalee garaagaraan itti fayyadama loogaan walqabatanii afaan barachuurratti uumaman hir’isuu ykn furuurratti dirqama isaanii bahuu akka qaban hojii manaa kan kennu dha.

Qaawwa qorannoowwan keessatti mul’ate keessaa akka fakkeenyaatti,Wandimu (2015), qorannoo mata dureen isaa“The Inclusion of Dialects in Education: An Exploration into the Use of Afan Oromo Dialects” jedhu keessatti argannoo argateen, Dhiibbaan itti fayyadamni loogaa qormaata ykn madaallii barattootaarratti qabu malee,qabatamaan dree barachuufi barsiisuu (actual class) haala gidduugala godhateen dhiibbaan itti fayyadamni loogaa ilaalchaan walqabatee hamilee barattootaarrattifi itti fayyadamaan walqabatee hubannoo barattootaarratti qabu hin xiinxaliin hafuun isaa qorannoo kanaatiif ka’umsa isa biro ta’ee jira.

Gama kaaniin, Wandimu & Tamene (2017), imaammanni itti fayyadama loogaa qajeelchu jiraachuu dhabuu isaa yeroo ibsan” There is no proclamation on selection and usage of Afan Oromo dialects for education. We need a powerful body that prepare a document which guides the selection and usage of dialects” jedhu. Akka yaada qorattoota kanaattis, dokimantiin(qajeelchi) waliigalaa haala filannoofi itti fayyadama loogaa qajeelchu kan hinjirre ta’uufi qaamni dhimma kanarratti itti gaafatamummaa fudhachuun hojjatu kan hinjirre ta’uu cimsa. Qorataan kunis, gama kaaniin qaawwi imaammataan walqabatee mula’utu kun qaawwa hinduuchamiin jiruufi rakkoolee ilaalchaafi itti fayyadama loogaan walqabatanii mudataniif sababa waan ta’eef ammallee dhimma xiyyeeffannoobarbaadudha jedhee yaada.

Qorataan kun walumaa galatti, qorannoon dhaabbiilee barnootaa olaanaa keessatti haalli ilaalchaafi hojiirra oolmaa loogaan walqabatee jiru laafaa ta’uu eeruun, ammallee kan xiyyeeffannoo hinargatiin jiru ta’uu isaa ibsa. Gama kaaniin, qorannoowwan hanga ammaatti loogaan walqabatanii geggeeffaman gahaa ta’uu baatanis, akka jalqabbiitti waan jajjabeeffamuu qabaniifi qorannoowwan kaawwaniif kan ka’umsa gaarii ta’ani dha. Ta’us, qaawwi tokko tokko gama qorattootaan mul’atan akkasumas gama imaammata afaaniin gaggalagalaa dhufe, qorannoo kanaaf ka’umsa ta’eera. Gaaffiileen bu’uuraa qorannichaa deebii argatanis kanneen armaan gadii ti:

Haalli itti fayyadama loogaa hubannoo barnootaa barattootaarratti dhiibbaawwan akkam akkamii qaba?

Dhiibbaaleen ilaalcha loogaan walqabate hamilee barattootaarra ga’u kan akkam akkamiiti?

Adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti dhiibbaalee uumamaniin rakkooleen bu’uuraa Afaan Oromoo barachuu keessatti mudatan maal maal fa’i dha?

Kaayyoo Qoranno

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, dhiibbaa haalli itti fayyadama loogotaa Afaan Oromoo barachuurratti qabu maal akka fakkaatu xiinxaluun rakkoolee mudatan adda baasuudha. Kana bu’uura godhachuunis, kaayyoowwan gooree qorannichaa kanneen armaan gadii ta’u. Isaanis:

Haalli itti fayyadama loogaa hubannoo barnootaa barattootaarratti dhiibbaawwan akkam akkamii akka qabu ibsuu

Dhiibbaawwan ilaalcha loogaan walqabate hamilee barattootaarra ga’u saaxiluu

Adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti dhiibbaalee uumamaniin rakkooleen bu’uuraa Afaan Oromoo barachuu keessatti mudatan maal maal akka ta’an eeruu

MALLEEN QORANNOO

Kayyoo qorannoo kana fiixaan baasuuf, Saxaxa Qorannoo Ibsaatu (Descriptive Research Design) hojiirra oole. Saxaxa kana jalatti, gosa dhiyaannaa gooree ‘Crossectional Study’ jedhamuun hariiroo jijjiiramoota garaagaraa (correlation) keessatti, akka waliigalaatti loogaafi barnootaan walqabatee ibsamuun dhiyaateera. Jijjiiramootni gurguddoon gama Sababaafi bu’aa isaanii osoo hinta’iin, hariiroo qabaachuufi qabaachuu dhabuun isaanii mala lakkoofsaa ‘coficient of correlation’ jedhamuun erga mirkanaa’eefi adda ba’een boda, jijjiiramni inni tokko isa kaanirratti dhiibbaawwan akkam akkamii akka uumeefi hagam akka ta’erratti xiyyeeffatee dhiyaate. Walumaa galatti saxaxni qorannoo kanaa, ragaalee lakkoofsaanis ta’e jechootaan xiinxalamaniis ibsaman qindeessuun kan dhiyeessedha.

Bakki qorannichi itti geggeefame, dhaabilee barnoota ol’aano filatamanirratti jechuunis: yunivarsitii Arsii, Amboo, Bulee Horaafi Jimmarratti kan xiyyeeffatedha. Ulaagaan filannoos, naannoo loogaafi umurii ykn dhaloota yunivarsitiiwwanii xiyyeeffannoo keessa galchuun, haala makaa ta’een kan filatamedha. Maddi ragaalee qorannichaa barsiisooafi barattoota yunivarsitiiwwan kanneenii akkasumas qabsiisa/yaadannoowwan barsiisotni barnootaaf qopheessanidha. Loogotni shanan: Dhiya(Wallagga, Ilubbaabooriifi Jimma), Gidduugala(Shawaa), Baha(Arsii Baalee), Kibba Bahaa(Harargee)fi Kibba(Gujiifi Borana), qoqqooddii loogaa Mokonnin Hundee (2009) giddugala godhatani kan filatamandha. Daangaan yeroo qorannichaa, raawwii bara 2021/22 irraa kaasee kan jirurratti kan xiyyeeffate dha.

Iddattoofi mala iddatteessuun adeemsa ragaa bar-gaaffiif iddatteessuu keessatti, barattoota loogoota garaagaraarraa dhufan hunda akkuma jirutti fudhachuun rakkisaa waan ta’eef, carraa tasaa qoqqooddii garee loogaarratti hundaa’een(stratified random sampling), qoqqooddii garee loogaa isaanii bakka bu’uun, kan mala carraa tasaan iddatteeffamani dha.

Haaluma kanaan barattootni, formulaa Yamaaneh, 1967 ($n = \frac{N}{1 + N(e)^2}$) giddugala godhachuun kan iddeeffamuun kan filataman yeroo ta’u, lakkoofsa waliigalaa barattootaa(total population-N) 68(17*4)akka ka’umasaatti fudhachuun, bu’uura foormulaa Yemaanee armaan oliin, hanga

iddattoo(sample size-n) barattootaa yunivarsitiiwwan filatamanii afranii 52(13*4) dha.Tokkoon tokkoon yunivarsiitiiwwan keessaa barattootni waggaa lammaffaa kudha sadii sadiitu filatame jechuu dha.Ragaan,tokkoon tokkoon loogotaa shanan keessaa gidduugalaan barattoota lama lama irraa kan funaaname dha.

Af-gaaffiifi qaacceessa dokimantiif mala akkayyoon iddatteessuu keessatti, Yunivarsitiiwwan afran keessaa,hangi barsiisota afaanii loogota garaagaraa(shanan) irraa dhufanii haala walmadaalaa ta'een argachuun rakkisaa waan ta'eef, mala iddatteessuu miti-carraa(akkayyoo) fayyadamuun,lakkoofsa waliigalaa barsiisotaa(total population) 40(afurtama)ka'umsa godhachuun, loogota shanan keessaa barsiisota tokko tokko fudhachuun, yunivarsitiiwwan hunda(afran) keessaa 20tu(1*5*4) akka iddattootti filatame.

Mala akkayyoon, jechoota qabiyyee (content words) iddatteessuuf, yaadannoowwan barsiisotaa koorsiilee garaagaraa barsiisaniifi seenduubee loogota shanan irraa dhufan jechoota qabiyyee xiinxaluuf mijataa ta'e tu filatame.Kanaafuu, waliigala Yunivarsitiiwwan hunda keessaa jechootni yaadannoo barsiisaan qopheesse keessaa kaayyoon filatamuun iddatteeffamuun karoorfaman 200(50*4) ta'anis, adeemsa ragaa funaanuu keessatti kan qorataan calalee fudhatee xiinxale 120 dha.Walumaagalatti, ragaaleen amala akkamtaafi hammamtaa qaban, af-gaaffii, bar-gaaffiifi qaaccessa dokimantii giddugala godhatanii guuramuun kan xiinxalamanii dhiyaatani dha.Ragaaleen hammamtaa sooftiweeri 'SPSS' jedhamu fayyadamuun iskeelii liikartiin bakka shanitti qoodamuun mala lakkoofsaan xiinxalamanii kan dhiyaatan yeroo ta'u, ragaaleen akkamtaa,bifa keeyyataan jechoota fayyadamuun qindeeffamanii barreeffamuun kan ibsamanidha.

DHIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

Ragaaleen hammamtaafi akkamtaa meeshaalee funaansa ragaa fayyadamuun funaanaman,haala walcimsaniin dhiyaannaa makaan walduraa duubaafi walcinaan bifa gabateefi jechootaan qindaa'uun xiinxalamanii haala armaan gadiin dhiyaataniiru.

3.1Dhiibbaawwan haalli itti fayyadama loogaa hubannoo barnootaa barattootaarratti qabu

Daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti, haalli itti fayyadama loogaa barattootaas ta'e barsiisotaa afaan barachuun walqabatee dhiibbaan inni hubannoo barattootaarratti qabu maal akka fakkaatu xiinxalamuun kan dhiyaate dha.

Gabatee 1: Xiinxala hubannoo loogaa barattootaa

Gaaffiilee	Sadarkaalee										Miinii (Mean)
	BG		G		Gi		O		BO		
	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	
Haalli itti fayyadama loogaa barsiisaa adeemsa afaan barachuu keessatti hubannoo barnootaa keerrattii hagam dhiibbaa uumeera jettee yaaddaa?	7	15.6	4	8.9	12	26.7	11	24.4	11	24.4	3.05
Yaadannoo barsiisonni barnootaaf qopheessan keessatti haala itti fayyadama loogaan walqabatee hiika jechoota tokko tokkoo hubachuuf hagam rakkatta?	5	11.1	10	22.2	12	26.7	8	17.8	10	22.2	3.01
Qajeelfamoota, fakkeeniyotaafi shaakaloota garaagaraa	9	20.0	8	17.8	16	35.6	3	6.7	9	20.0	2.08

kennaman keessatti dhiibbaan loogaan walqabate walhubannoo keefi barsiisota kee gidduu jiru hagam daangeesseera jettee yaadda?											
Jechoota barsiisootni kee daree barnootaa keessatti fayyadaman karaa biroon hiikuun hubachuun, siifi barsiisota kee gidduutti hagam qaawwa waliigaltee uume beeka?	8	18.2	8	18.2	13	29.5	10	22.7	5	11.4	3.11 2.11

Ibsa sadarkaalee: **BG** (Baay'ee Gad'aanaa), **G** (Gad'aanaa), **Gi** (Giddugaleessa), **O** (Ol'aanaa), **BO** (Baay'ee Ol'aanaa)

Ragaan gabatee 2ffaa bar-gaaffii 5ffaa akka mul'isutti, haalli itti fayyadama loogaa barsiisotaa hubannoo barnootaa barattootaarratti hagam dhiibbaa akka uume mirkaneeffachuuf odeeffattootaaf gaaffii dhiyaaterratti,odeeffannoo kennitootni hari caalaan isaanii,12(26.7%),yaada giddugaleessa ta'e qabu.Haaluma walfakkaatuun,barattootnis ta'e barsiisotni qorataan af-gaaffiin odeeffates, haalli itti fayyadama loogaa hubannoorratti dhiibbaa kan uume ta'uu isaa sagalee tokkoon ragaa ba'u garuu dhiibbaan akkasii kun taatee yeroo maraa kan hintaaneefi sadarkaa yaaddeessaa jedhamurra kan hingeenye ta'uu bsu. Barattootni,haalli raawwii ykn itti fayyadama loogaa, barsiisaadhaa barsiisaatti garaagara ta'uufi dhiibbaan

hubannoon walqabatee isaan mudate jiraachuu, barsiisotni qubaan lakkaa'aman qofti muuxannoo loogota naannoo garaagaraa kan qabaniifi sanaan madaqsuun kan barsiisan ta'uu ragaa ba'u. Akka fakkeenyaattis, dhiibbaaleen hubannoon walqabatanii uumamanis, kallattii hiika jechaa jijjiiruu, jechoota qaanii ta'uu akkasumas jechoota haaraa hubachuuf rakkisoo ta'an ta'uus eeru.

Fkn 1. Jechootni kanneen akka **Sagalee, Irreessa, Marqaafi** kkf looga naannoo garaagaraa keessatti hiika garaagaraa qabu

2. Ka'umsa looga barnootaa jedhuun jecha barsiisotni '**saala(sex)**' jechuun dubbii ta'e barreeffama keessatti fayyadaman looga naannoo Kibbaa keessatti safuu ta'uu akkasumas jechootni kanneen akka **Bukkee, Bassoo, Gumaafi** kkf looga naannoo tokko keessatti bifa qajeelaan kan hubataman yeroo ta'eu looga naannoo kaawwanii keessatti garuu safuudha.

Walumaagalatti, haalli itti fayyadama loogaa barsiisotaa hubannoo barnootaa barattootaarratti hanga ta'e kan dhiibbaa uumaa jiru ta'uu hubachuun danda'ameera. Kanumaan walqabatee, Nancy & Sandra (2010) "Dialects of the specific language differ from each other, but they are still understandable to the speakers of another dialect of the same language" jechuun, namootni walhubachuuf hagas mara kan hinrakkanne ta'uu dhaamus, garaagarummaan loogaa hanga jirutti garaagarummaan walhubannoos waan jiraatuufi hanga garaagarummaa loogaas hanga walhubannoo kan murteessu waan ta'eef, walhubannoo barsiisotni barattoota waliin qaban daran bal'isuuf, seenduubee loogoota naannoo garaagaraa haala xiyyeeffannoo keessa galcheen barsiisuun garaagarummaa loogoota gidduu jiran dhiphisuu kan danda'amu ta'uu mala dhaha. Kana hojiitti hiikuuf ammoo, muuxannoon barattootni akkasumas barsiisotni loogoota naannoo garaagaraarratti qaban bal'ifachuurratti kan hojjachuu qaban ta'uu hojii manaa kan kennudha.

Bar-gaaffiin 6ffaa, Yaadannoo barsiisonni barnootaaf qopheessan keessatti haala itti fayyadama loogaan walqabatee barattootni hiika jechoota loogaan walqabatan tokko tokkoo hubachuuf hagam akka rakkatan kan odeeffatu dha. Odeeffannoo kennitootni harki guddaan, 12 (26.7%), yaadni isaanii gidduugaleessa ta'uu ragaa ba'u. Ragaan qorataan af-gaaffiin guures akka mul'isutti, yaadannoo koorsii barnootaaf barsiisaan isaanii qopheesse dubbisuu/qo'achuu keessatti, haalli itti fayyadama loogaa barsiisaa irra caalaa looga naannoo murtaa'aa barsiisaa koorsii sana kennuurratti kan duufe waan ta'eef, jechoota haaraa tokko tokko hubachuuf haga ta'e rakkachaa kan turan ta'uu mirkaneessu. Bu'aan qaacceessa dokimantii

yaadannoowwan iddattoof filataman keessaas akka mul'isutti, daree garaagarummaan barattootaa jiru keessatti jechoota seenduubee loogaa barattoota hundaa giddu galeessa godhate haala walmadaaluun fayyadamuurratti mudaan kan mul'atuufi hubannoo barattoota muraasaa qofa kan cimsu ta'uu agarsiisa. Mee armaan gaditti jechoota muraasa qaacceessa dokimantii keessaa fudhataman haa ilaallu:

Fkn1. Bacaa (many), qilxamuu(to be happy), kasoo (simple)... (jechoota dubbattoota looga naannoo Kibba qofa gidduugala godhate)

2. Manaaba (Dream), Badhee (out side)... (jecha dubbattoota looga naannoo Bahaa qofa gidduugala godhate)

3. Wadaroo (Rope), lugna(coward)... (jecha dubbattoota looga naannoo Dhiyaa qofa gidduugala godhate)

4. Dabbasaa (Hair), Jaajjuu(To stand)... (jecha dubbattoota looga naannoo Gidduugalaa qofa gidduugala godhate)

Walumaagalatti, ragaan odeeffannoo kennitootaafi qaacceessa dokimantiirraa argame akka mul'isutti, haalli itti fayyadama jechootaa barsiisotaa seenduubee garaagarummaa barattootaa hundaa xiyyeeffannoo keessa kan hingalchine waan ta'eef hubannoo barnootaa barattootaarratti hanga'a ta'e dhiibbaa kan uumaa jiru ta'uu agarsiisa. Garuu ammoo, Adger & Christian (2007), "The consideration of dialects in education enhances the social, cognitive, emotional and linguistic development of learners" Jedhu. Kunis, barnoota keessatti looga barattootaa xiyyeeffannoo kennuun barsiisuun, hubannoo dhimmoota hawaasummaa, miiraafi afaaniin walqabatan akka guddifatan kan isaan gargaaru ta'uu dhaama. Qorataan kunis gama isaatiin, hubannoon hunda galeessaa barattootni fakkoommii loogaan walqabatee horatan bal'isuun murteessaa ta'uu ibsuun, yoo kaayyoon ta'e malee garaagarummaa loogaa barattootaaf xiyyeeffannoo kennuun dhiibbaa jiru kan hir'isu ta'uufi yoo xiqqaate fuula dhumaa yaadannoo barnootaaf qophaa'an keessatti, gabateen hiika jechootaa walbira qabee xiinxalu (glossary) osoo jiraatee gaarii dha yaada jedhus qaba.

Ragaan bar-gaaffii 7ffaa kaninni mul'isu, daree barnootaa keessatti yeroo barsiisaan barsiisu qajeelfamoota, fakkeeniyotaafi shaakaloota garaagaraa kennaman keessatti dhiibbaan loogaan walqabate walhubannoon barattootaafi barsiisota gidduu jiru hagam akka daanga'e odeeffachuuf gaaffii dhiyaate keessatti, odeeffannoo kennitootni harka tokko sadaffaatii ol ta'an, 16(35.6%),

sadarkaa ol'aanaas ta'egad'aanaa osoo hinta'iin sadarkaa gidduugaleessarra jiraachuu isaa ragaa ba'aniiru. Barattootni af-gaaffiin ragaa ba'anis kan armaan gadii jedhaniiru..

Odeeffattoota ragaa ba'an keessaa inni tokko akkana jedha:

Mudannoon ani qabu akka fakkeenyaatti, gaaf tokko barsiisaan looga naannoo Baharraa dhufe tokko gaaffiin filannoo inni shaakala daree keessaaf nuuf kenne keessatti, kaninni “yaadni dhara ta’e kami?” jechuun nu gaafate, hiikni jecha ‘dhara’ jedhu maal akka ta’e gaafannaan, “innumtuu qaama shaakalaati” jechuun natti hinhimiin waan hafeef, ‘dhugaa’ isa jedhuun bakka buusuun yeroottan deebii dogoggoraa kennetu ture.

Odeeffataan inni biroo ammoo akkana jedha:

Loogoota garaagaraa haala gidduugala godhateen barsiisuurratti mudaan jira. Akka fakkeenyaatti mudannoon ani qabu, Gaaf tokko barsiisaan daree barnootaa keessatti “caalaan wadaroo bite” jechuun fakkeenya nuuf kenne keessatti, yeoottan harka koo baasee “barsiisaa ‘wadaroo’ jechuun maal jechuu dha” jedhe nan yaadadha. Nu biratti “funyoo” jedhamuun beekama.

Barsiisotnis haaluma walfakkaatuun, yeroo barsiisan, jalqaba eenyummaa (attendant) barattoota isaanii adda baasuun dirqama ta’uu ibsu. Qajeelfamoota, shaakalootaafi fakkeenyota kennan keessatti, haalli itti fayyadama loogaa isaanii hir’ina kan hinqabneefi dhiibbaa loogaan walqabatee uumamurraa bilisa akka hintaane ibsu garuu namni tokko bakkatti dhalatee guddate sana fakkaata waan ta’eef, gara looga ofiitti harkisuun barsiisuun isaanii kan hinoole ta’uu odeeffatu. Kanarraa ka’uun, Sadarkaan itti fayyadama isaanii gara gidduugaleessatti kan deemu ta’uu ibsan.

Walumaagalatti, akkuma Marissa (2017) “The students learn language in order to negotiate in classroom interaction with the teacher to complete the demands of classroom work, but the kind of dialect that the teachers use during lessons has an important influence on their language development” jedhe sana, haalli itti fayyadama afaanii (loogaa), beekumsa barnoota afaanii barattootaa guddifachuurratti dhiibbaa qaba waan ta’eef, keessumattuu barsiisotni, looga fedhii barattootaa waliin madaqsuun fayyadamuu kan qaban ta’uu hubachiisa. Akka yaada qorataa kanaattis, qaawwa akkasii kana duuchuuf, barsiisotni carraa leenjiifi ogummaa muuxannoo itti fayyadama loogaa garaagaraa itti gabbifatan argachuu kan qaban ta’uu mala dhaha. .

Ragaan bar-gaaffii 8ffaa akka mul'isutti, daree barnootaa afaanii keessatti barattootaafi barsiisota gidduutti adeemsa itti fayyadama jechootaa garaagaraa keessatti dhiibbaa loogaan walhubachuu dhabuurraan kan ka'e, qaawwi waliigaltee hagam akka uumame odeeffachuuf gaaffii dhiyaate keessatti,odeeffattootni irra caalaa,13(28.9%),yaada gidduugaleessa ta'e qabu.Kun kaninni mul'isu,dhiibbaa loogaan qaawwi waliigaltee barataafi barsiisaa gidduutti kan uumamu ta'uu isaafi sadarkaan dhiibbaa isaa ol'aanaas gad'aanaas otoo hinta'iin sadarkaa walakkeessarra jiru ta'uu hubachiisa.Odeeffattootni qorataan af-gaaffiin odeeffate kaawwanis,dhiibbaan akkasii jiraachuu isaa ibsu garuu mudannoo yeroo maraa ta'uun kan baay'ee nama yaaddeessu otoo hinta'iin kan darbee darbee mul'atu ta'uu ragaa ba'u.

Akka fakkeenyaatti,odeeffattoota kanneen keessaas inni tokko yeroo mudnnoo hiriyyaa isaa ibsu,”.....*barsiisaan looga naannoo dhiyaarraa dhufe tokko,barataan barfatee dhufe tokko yeroonni olseenuuf karra rukutu 'lixii' jennaan,barataan looga Bahaa irraa dhufe, barsiisaan 'deemi' waan isa jedhe se'ee hinseeniin hafe tokko nan yaadadha.....*” jedha.

Gama kaaniin, bu'aan qaacceessa dokimantii akka mul'isutti,**1ffaa**, jechootni kanneen akka Sagalee, Marqaa, irreessaafi kkf(looga naannoo garaagaraa keessatti kan hiika adda addaa qaban ta'uufi **2ffaa**,jechootni kanneen akka Bukkee,saala,gumaafi kkf(kan looga naannoo tokkoo keessatti qajeelaa ta'aniifi kaan keessatti qaani ta'an) ta'uutu hubatame.

Walumaa galatti, daree barnoota afaanii keessatti sababa dhiibbaa loogaan walhubachuu dhabuurraan kan ka'e qaawwi waliigaltee barattootaafi barsiisota gidduutti kan uumamu ta'uu hubachuun danda'ameera. Gooden (2007),“Dialectal variation should be considered as a tool of communication and not as a judgement of different ways of speaking” akkuma jedhe sana, qorataan kun, garaagarummaan loogaa jiraachuun uumama ta'us,garaagarummaan kun carraa walhubannoo keenyaa kan dhiphisaa deemuufi qaawwa waliigaltee keenya kan bal'isu otoo hinta'iin,qabeenya ykn meeshaa, carraa waliigaltee ykn walhubannoo loogoota garaagaraa ittiin bal'isnu akka ta'u irratti hojjachuurratti hojiin guddaa kan nu eeggatu ta'uu dhaama; keessumattuu,dhimnamtoota raawwii daree barnoota afaanii keessatti qooda fudhatanii(barsiisota)fi waaltina afaaniirratti hojjataniif hojii manaa kan kennu ta'uu ibsa.

Dhiibbaan ilaalcha loogaan walqabate hamilee barattootaarra ga'u

Daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti, ilaalchootni garaagaraa gama barattootaanis ta'e barsiisotaan adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti calaqqisiifaman, xiinsammuun walqabatanii dhiibbaaleen isaan hamilee barattootaarratti geessisan maal akka fakkaatan haala armaan gadiin kutaa kana keessatti xiinxalamee kan dhiyaate dha.

Gabatee 2: Xiinxala ilaalcha barattootaa

Gaaffiilee	Sadarkaalee										Miini i (Mea n)
	BG		G		Gi		O		BO		
	La kk.	%	La kk.	%	Lak k.	%	Lak k.	%	La kk.	%	
Daree barnootaa keessatti akkaataa barsiisaan barattoota looga garaagaraa dhufanii itti simatutti hagam gammadda?	13	28.9	10	22.2	12	26.7	5	11.1	5	11.1	2.84
Looga naannoo keetiin yeroo yaada kee ibsitu, kolfiifi qoosaan hiriyyoota kee hamlee koo hagam miidheera jettee yaadda?	9	20.0	8	17.8	12	26.7	5	11.1	11	24.4	2.89
Ilaalcha loogaan dhiibbaa sirra ga’een daree barnootaa keessatti hirmaachuuf hagam sodaattee ykn saalfattee beektaa?	4	8.9	3	6.7	14	31.1	22	48.9	2	4.4	3.62
Ilaalchaa adeemsa itti fayyadama loogaa keessaan dhiibbaa sirra ga’een,miirri gad’aantummaa hagam sitti dhaga’amee beeka?	3	6.7	3	6.7	27	60.0	4	8.9	8	17.8	3.06

Ibsa sadarkaalee: BG (Baay'ee Gad'aanaa), G (Gad'aanaa), Gi (Gidduugaleessa), O (Ol'aanaa), BO (Baay'ee Ol'aanaa)

Ragaan gabatee 2ffaa bar-gaaffii 5ffaa irraa argame akka mul'isutti, odeeffattootni harki caalaa, 13 (28.9%), adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti, simannaa loogaa barsiisaa isaanii waliin walqabatee ilaalchi isaan qaban, baay'ee gad'aanaa ta'uu isaa kan mul'isu dha. Kunis, barattootni

haala itti fayyadama loogota garaagaraa barsiisotaa isaaniitti kan hingammadne ta'uu kan hubachiisudha.

Akka af-gaaffiinis odeeffannoo kennitootarraa mirkaneeffachuun danda'ametti, haala bar-gaaffii keessatti dhiyaate sanaan, haalli simannaa loogotaa barsiisotaa isaanii gurra guddatee kan ibsame ta'uu baatus, barsiisotni hedduun kan isaan itti dhimma ba'an loogota 'waalta'an' jedhaman ta'uufi haalli itti fayyadama isaanii kunis irra caalaa kaninni haguugu loogoota filataman qofa ta'uu ragaa ba'an; kun ammoo, barattootni, loogotni naannoo isaanii isa kaawwan waliin ija tokkoon kan hinlaalamneefi sonni(value) kennamuf walqixxee akka hintaanetti akka tilmaaman karaa saaquun dhiibbaa xiinsammuutiif isaan saaxileer. Kanumaan walqabatee, odeeffataan loogni naannoo koo dhiibameera jedhu tokko "Loogni kiyya waalta'uuf ykn faayidaa barnootaaf ooluuf carraa dhabuun isaa, loogni ani keessaa dhufe hanquu akka ta'etti natti dhaga'ama" jedheera. garuu ammoo, Wolfram & Cullinan.(2014) "Different groups of people have different ways of using their own language. Hence, the non-standard dialects are not deficient; rather they are different way of expressing ideas." jedhu. Kunis, garaagarummaan loogaa yaadawwan garaagaraa ittiin ibsachuuf akka qabeenyaatti kan fayyadu malee akka hir'inaatti kan fudhatamuu qabu akka hintaane kan hubachiisu dha.

Walumaagalatti, akka hubannoo qorataa kanaatti, adeemsa afaan barsiisuu keessatti ilaalchi barsiisotni hedduun walqixxummaa loogaaf qaban gaarii ta'us, ilaalchiifi raawwii ykn itti fayyadamni isaanii haala walsimuun hojiitti hiikuurratti garuu mudaan kan mul'atu ta'uu isaa ragaan jiru mul'isa. Kanaafuu, looga 'waalta'e' jedhamu qofa otoo hinta'iin, isa hinwaalta'iin jirus(looga naannoo garaagaraa barattootaa) osoo hinqoolifatiin gumaachi isaan baruufi barsiisuu keessatti qaban itti amanamee hojiirra ooluuf kan carraa ykn xiyyeeffannoo argatan yoo ta'e, mikaa'ina barnootaa mirkaneessuus ta'e dhiibbaa xiinsammuun walqabatee barattootarra ga'u hir'isuun kan danda'amu ta'uu isaatu hubatame.

Ragaan gabatee 2ffaa bar-gaaffii 6ffaa irraa argame akka mul'isutti, sababa ilaalchaa adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti calaqqisiifameen, dhiibbaan hamilee barattootaa miidhuun walqabatee dhiyaateef, odeeffattootni irri caalaa isaanii, 12(26.7%), yaada gidduugaleessa ta'e qabu. Ragaan af-gaaffiis akka mul'isutti, daree barnootaa keessattis ta'e daree barnootaan alatti, barattootni yeroo mara ta'uu baatus, yeroo tokko tokko looga naannoo isaaniitiin yeroo yaada isaanii ibsatan akkasumas loqoda dubbataniin, hiriyyootni isaanii yeroo itti kolfan miira keessa waan galaniif, hariiroo isaan gidduu jirurratti dhiibbaa geessisuu isaa ibsu. Barattootni yeroo tokko tokko akka qoosaatti bira darban jiraatanis, hiriyyootni isaanii irra deddeebiin yeroo itti qoosamu obsa dhabuun dhiphina keessa kanneen galan kan jiran ta'uus ibsu. Mee odeeffattootni armaan gadii waan isaan jedhan akka fakkeenyaatti haa ilaallu:

Fkn 1. (Barataa dhiyarraa dhufe) ".....gaaf tokko daree barnootaa keessatti barsiisaan, *"kaleessa dhufteetta?"* jedhee yeroo na gaafatu, *"hinufne"* jennaan, loqodan ani fayyadamuun *barattootni kaawwan sagalee ol kaasanii natti kolfinaan yeroottan aareefi dhiphina keessa galetu ture.*

Fkn 2. (Barataa Kibbarraa dhufe) ".....barisiisaan qorannoo na gorse tokko *"jechootni kunneen jechoota naannooti waan ta'eef hunda isaanii kaawwaniin bakka buusi"* naan jedhe sun, yaaddoo, *"kan koo sun faayidaa hinqabuu"* jedhu keessa akkan galu na taasiseera.

Fkn.3 (Barataa Baharraa dhufe) ".....akka looga naannoo biraatti (Fkn. Dhiya) jechi *quunxee* jedhu safuu waan ta'eef, hiriyyaan keenyi maqaan isaa *'quunxee'* jedhamu tokko, sababa moggaafama maqaa isaatiin waan itti qoosamuuf hamileen isaa yeroo dheeraadhaaf yerootti tuqamee dhiphina keessa seenetu ture...".

Kanaafuu, akkuma Cramer (2016), "Judging that some varieties are "proper" and others are "broken" or "sloppy" reflects language attitudes rather than linguistic facts; it does have a psychological impact on students learning" jedhu kana, loogni tokko sirriifi fudhatamaa, inni kaan immoo cabaafi dogoggora akka ta'etti tilmaamuun xiinsammuu barattootaa kan miidhu dha. Dogoggorri ilaalchaa beekuunis ta'e osoo hinbeekiin gama barattootaanis ta'e barsiisotaan calaqqisiifamu kun ammoo, barattoota dhiphina keessa galchuu dabalataan hariiroo qabanirratti dhiibbaa ni qabaata waan ta'eef, keessumattuu barsiisotni hubannoo uumuu keessatti gahee

guddaa kan qaban ta'uufi itti gaafatamummaa isaanii ba'uu keessatti hojiin guddaa isaan eeggatu kan jiru ta'uu dhaama.

Ragaan bar-gaaffii 7ffaarraa argame akka mul'isutti, dhiibbaa xiinsammuu barattootarra ga'een, daree barnootaa keessatti hirmaachuuf hagam akka sodaataniifi saalfatanirratti odeeffattootni deebii akka kennan gaaffii isaaniif dhiyaateen, odeeffattootni hanga lakkoofsa waliigalaa keessaa garri caalu, 22(48.9%),yaada isaanii 'ol'aanaa' isa jedhuun sadarkeessu.Kun kaninni hubachiisu, ilaalchi dhiibbaa loogaan uumame hirmaannaa isaanii kan daangeessaa ture ta'uu isaati. Haaluma walfakkaatuun,barattootni qorataan af-gaaffiin odeeffates, mudannoon akkasii kan jiru ta'uu ibsu.Sababa ilaalchaa adeemsa itti fayyadama loogaa isaaniin dhiibbaa irra ga'uun daree barnootaa keessattii hirmaachuurratti (Fkn.Dhiyeessa abbaltiirratti, gaaffiifi deebiirratti, marii gareerrattiifi kkf) ofitti amantaa dhabuun miira soda keessa kan galan ta'uu ibsu.Kanneen keessaas odeeffataan tokko akkana jedha.

“.....Daree barnootaa keessatti jechoota ykn looga naannoo koo, ani keessatti guddadhe, akkan barbaade bilisaan fayyadamuun hirmaachuuf nan qaana'a; yeroon hirmaadhu barattootni waan natti kolfaniif ofitti amantaa dhabun miira sodaa keessan gala..... akka nama Afaan Oromoo balleessuttin oftilmaamuu jalqabe ”

Walumaagalatti yaada odeeffattootaa kanneenirraa, ilaalcha loogaan dhiibbaa irra ga'een, miira sodaa sammuu isaanii keessatti uumameen hirmaannaan isaan daree keessatti qaban hir'achaa dhufuu isaa taajjabuun danda'ameera.Akkuma Adger & Chrstian (2008), “The negative reaction of teachers and students towards dialects can make students to lack self-confidence and motivation to learn” jedhan sana,hirmaannaan gaarii barattootaa kaninni dhugoomu, barattootni ofitti amantaan barnoota isaanii guddifachuun soda yoo dhabamsiisan, kana mirkaneessuuf ammoo dogoggorri ilaalchaa itti fayyadama loogaan walqabatee barattootarra ga'u yoo hir'ate ta'uu odeeffata.Kanaafuu, ilaalcha dogoggoraa barattootaa kana jijjiiruufi hubannoo gahaa kennuurratti(awareness creation) hojiinguddaa dhimmamtoota barnootaa,keessumattuu barsiisota kan eeggatu ta'uu dhaama.

Gama kaaniin, ragaan bar-gaaffii 8ffaarraa argame mul'isuttii,adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti ilaalchaan walqabatee dhiibbaa barattootarra ga'een, daree barnootaa keessatti miirri

gad'aantummaa hagam akka itti dhaga'ame mirkaneeffachuuf gaaffii dhiyaateen, harki caalaan odeeffattootaa, 27(60%), filannoo 'giddugaleessa' jedhuun sadarkeessu; kunis, dhiibbaan gama ilaalcha loogaan uumamu, barattootni miirri gad'aantummaa akka itti dhaga'amu kan godhu ta'uu mirkaneessanis, dhiibbaan isaa darbee darbee kan mul'atu ta'uu isaa wanti mul'isu, yaadni odeeffattootaa ol'aanaas gad'aanaas otoo hinta'iin gidduugaleessa ta'uu isaati. Barattoota qorataan af-gaaffiin odeeffates, yeroo tokko tokko malli itti fayyadama loogaa barsiisotaa illee, barattootni miirri gad'aantummaa akka itti dhaga'amu kan karaa saaqu ykn affeeru ta'uu ibsu. Keessumattuu barsiisaan isaanii, irra caalaa gara looga irraa dhufetti duufuun kan barsiisu waan ta'eef, barattootni naannoo loogaa barsiisaa sanarraa dhufan ol'aantummaan yeroo itti dhaga'amu, kanneen naannoo loogaa barsiisaa sanaan ala dhufan garuu, loogni naannoo isaaniiis gad'aanaa akka ta'eefi afaan barnootaaf akka hinmadaalletti tilmaamuu ibsu.

Walumaagalatti, yaada odeeffattootaa armaan oliirraa, daree barnootaa afaanii keessatti dhiibbaa ilaalcharraa madden, walqixxummaa itti fayyadama loogaa barattootaa mirkaneessuurratti wanti gaaffii kaasu jiraachuu isaa hubachuun danda'ameera. Garuu akka barruuwwan garaagaraa keessatti sakatta'amuun ibsametti, waalt'auufi faayidaarra ooluuf carra argachuufi argachuu dhabuu yoo ta'e malee, loogni naannoo kamiyyuu looga kaaniin olis ta'e gadi kan hintaaneefi ofibsuuf kan hinxinnaanne ta'uutu ibsame; kanas Marissa(2017), "There are no linguistic grounds for arguing that one variety of a language is superior to the other variety of the same language" jedha. Kanaafuu, sababa ilaalchota dogoggoraan dhiibbaalee adeemsa afaan barachuu keessatti mudatan hambisuun, ammas hayyu durcen qaamni dhiyecnayaan isa ilaallatu barsiisaa waan ta'ccf, ilaalcha ofiis ta'e barattoota isaa jijjiiruurratti hojiin manaa isa eeggatu jiraachuu kan nutti himu dha.

Dhiibbaalee adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti uumamaniin rakkooleen bu'uuraa Afaan Oromoo barachuurratti mudatan

Ragaalee armaan duratti bar-gaaffiin argaman cinaan, yaada odeeffannoo kennitootaa af-gaaffiin argame irraa hubachuun akka danda'ametti, adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti muuxannoo loogoota naannoo garaagaraa dhabuun harki caalaa barsiisotaa, yeroo tokko tokko qaawwi waliigaltee barsiisotaafi barattoota gidduutti uumamuun madaallii ykn milkaa'ina barnootaa

barattootaan walqabatee rakkoo uumamuuf sababa ta'uu kan mirkaneessudha. Akka ragaattis, dhimma koorsii dandeettii barreessuu akkasumas caasaa Afaan Oromoo waliin walqabatee jiru akka iddattootti kaasaniiru; kunis: adeemsa dandeettii qubeessuu(korsii dandeettii barreessuu keessatti)akkasumas jechoota daneessuurratti hundaa'ee qoqqooduun caaseeffame(koorsii caasluga Afaan Oromoo keessatti) walqabatee barsiisotni shaakala keessatti 'sirrii dha ykn sirrii miti' jedhanii sororsan dhimma muuxannoo barbaaduufi xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uu ibsu.Mee ragaa kennitootni kan akka fakkeenyaatti eeran armaan gaditti haa ilaallu:

Fkn 1..Koorsii dandeettii barreessuu keessatti:

-Aannan, beekamtii...kan sirriin qubeeffame ta'uu **Vs** Aanan,beekamtii...kan sirriin hinqubeeffamne ta'uu

Fkn.2 Caasluga keessatti:

-Lag-een...sirrii ta'uu Vs Lag-gee/iin...kan sirrii hintaane

Garuu barsiisaan, haalarratti hundaa'uun amala loogota garaagaraa akkasumas kaayyoolee koorsiilee barnootaan wal qabsiisuun kan barsiisuu qabu ta'uutu eegama.Haala yaada kanaan walqabateenis,Charity & Mallinson(2014), "A teacher should be able to adapt a lesson to the situations and contacts normally expected of an educated person including different dialects for understanding" jedhu

Walumaa galatti, adeemsa afaan barachuufi barsiisuu keessatti sababa garaagarummaa loogaan qaawwa waliigaltee barattootaafi barsiisota gidduutti uumamu, rakkoolee gama madaallii ykn milkaa'ina barnootaan uumamuuf sababa ta'uun hubatameera.Kanaafuu, qorataan kunis, barsiisotni itti fayyadama loogaa isaanii keessatti fedhii,haalaafi seenduubee loogaa barattoota garaagaraa akkasumas kaayyoo koorsiilee garaagaraan waliin walsimsiisuun barsiisuun, qaawwa ykn rakkoolee isaan gidduutti uumamu dhabamsiisuun,mikaa'ina barnoota afaanii mirkaneessuun kan danda'amu kenniinsa barnootaa ifaa ta'e mirkaneessuun kan danda'amu ta'uu mala dhaha.

Rakkoon barnoota afaanii keessatti mul'atu inni biroon, adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti dhiibbaalee yeroo tokko tokko ilaalchaafi walhubachuu dhabuun walqabatee uumame, rakkoolee

naamusaa baruufi barsiisuun keessatti mul'atuuf sababa ta'eera. Kan qorataan odeeffate keessaa tokko mudannoo qabu yeroo ibsu akkana jedha:

Barsiisaa looga Bahaarraa dhufee haaraa qaxarame tokkotu ture; daree barnootaa keessatti intaloon furdoo barattoota gidduu jirtu/teessu tokko gaaffii gaafateef deebii akka deebistu barbaadee, “mucayyoon garaachaa sun mee maal jetta” jennaan, isheen karaa biroon hiiktee hubatte; akka looga naannoo isaaniitti ‘garaachi’ jecha safuu dha waan ta'eef, qaawwa waliigaltee isaan gidduutti uumameen barattuun daree gadlakkistee ba'uun barsiisaa waliin hanga walitti bu'uutti geesseetti.

Haaluma walqabateen, odeeffannoo kennaan inni biroo, sababa dogoggora ilaalcha loogaan walitti bu'iinsa isaan gidduutti uumamee tureen rakkoo naamusaa mudate yeroo ibsu akkana jedha:

Barattootni tokko tokko, daree barnootaa afaanii keessatti 'barsiisotni yeroo mara looga warra dhiyaafi gidduugalaa qofa fayyadamuun barsiisu' ilaalcha jedhu calaqqisiisaniin, lolli garee barattoota garaagaraa gidduutti uumamuun dubbichi hanga mummee ga'ee booda furamuusaa nan yaadadha.

Walumaagalatti ragaa jirurraa, sababa qaawwa waliigaltees ta'e dogoggora ilaalchaan walqabatee uumameen, barattootaafi barattoota akkasumas barattootaafi barsiisota gidduutti rakkoon naamusaa kan mul'ate ta'uun hubatameera. Cheshire (2007), rakkoo dogoggora ilaalcha loogaa waliin walqabatee uumamu yeroo ibsu, “The greatest dialect related problems in the class room continue to be the attitudes and prejudices that teachers and students hold towards non-standard dialects and the lack of understanding about the nature of dialect differences and of their social significance” jedha. Kanaafuu, qorataan kun, rakkoon naanusaa ‘image’ gaarii barsiisaa akkasumas dhaaba barnootichaa ni balleessa waan ta'eef, sababa dogoggora ilaalcha loogaanis ta'e qaawwa waliigalteen walqabatee rakkoolee naamusaa barnoota afaanii keessatti mudate hir'isuuf, leenjii dabalataa muuxannoo loogaa barsiisotaa cimsu akkasumas leenjii barattootaaf hubannoo gaarii (awareness creation) uumuurratti hojjachuun fala tokko ta'uu dhaama.

Gama kaaniin, ragaan odeeffannoo kennitootarraa argame akka mul'isutti, dhaabbilee barnootaa filataman kanneen keessatti barsiisotni looga naannoo garaagaraa barattootaa haala walmadaalaa ta'een barnootaaf oolchuu dhabuun, xiinsammuu hawaasaan walqabatee, rakkoo barattootarra darbee maatii barattootaa dallansiisaa jiru ta'uu isaatu ibsame Odeeffannoo kennitootni kunneenis yeroo ibsan, loogni isa gubbaadhaa gadi bu'u ykn isa humnaan barattootarratti fedhamu ta'uu isaafi ammallee gara hawaasaatti gadi bu'anii irratti hojjachuurratti qaawwi guddaa jiraachuu ibsu.; barataa duuba maatii(hawaasni) jiraachuufi hawaasni kunis qaama dhaaba barnootaa kana waliin hojjatu waan ta'eef, sonni looga naannoo isaa akka eegamuuf qabu ibsu. Akka fakkeenyaattis, odeeffannoo kennaan looga naannoo Kibbarraa dhufe tokko dhiibbaa haalli filanno loogaa irratti uume yeroo ibsu akkana jedha:

Haala itti fayyadama loogaa barsiisotaa hedduu yeroon ilaalu, akka dubbataa naannoo looga Gujiitti miira gad'aantummaatu natti dhaga'ama; yeroo tokko tokko, 'jechumti ani dubbadhu kun fudhatama qabaa laata' waan jedhutu sammuu koo keessatti uumama; ana qofa osoo hinta'iin maatiin ani keessaa dhufes qoolifannaa akkasii kanaan gammadoo miti.

Walumaagalatti, loogni dhimma caasaa afaaniirra darbee sonaafi fakkoommii hawaasummaa barattootaa waliin walhidhata kan qabu ta'us, haalli filannoofi hojiirra oolmaa loogaa barsiisotaa, barattoota qofa osoo hinta'iin hawaasnis qooda fudhannaa looga naannoo isaaniirratti komee akka kaasan karaa saaqaa jiraachuun isaa hubatameera. Garuu Bachore (2014) "In schools, students should be encouraged to build competence in speaking and writing a standard variety but their vernacular dialects must be respected as evidence of social identity and linguistic expertise" jedha. Kanaafuu qorataan kun, barnoota keessatti haala filannoofi hojiirra oolmaa loogaa hanga danda'ametti walmadaalaa ta'uu akka qabu ibsa; kana dhugoomsuufis, barsiisotni mala baruufi barsiisuu jijjiiramaafi hnda hammataa ta'e fayyadamuun barsiisuun gaarii ta'uu mala dhaha.

ARGANNOO, GOOLABAAFI YABOO

Argannoo

Akka waliigalaatti argannoowwan gurguddoo sadan bu'uureeffachuun argannoowwan gooree qorannichaa kanneen armaan gadiiti.:

Adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti garaagarummaan loogaa barattootaafi barsiisota gidduu jiru hanga ta'e garaagarummaa walhubannoo uumeera

Yaadannoo barsiisonni barnootaaf qopheessan keessatti itti fayyadamni jechoota loogaan walqabatan tokko tokkoo hubannoo barattoota muraasaa qofa kan giddugala godhatandha

Qajeelfamoota, shaakalootaafi fakkeenya kennan tokko tokko keessatti itti fayyadamni jechootaa loogaan walqabatee jiru iftoomina barbaada.

Dhiibbaa haalli itti fayyadama loogaa hubannooratti uumeen qaawwi waliigaltee hanga ta'e barattootaafi barsiisota gidduutti uumameera

Daree barnootaa keessatti barattootni tokko tokko looga ofiin yeroo yaada isaanii ibsatan walitti qoosuufi kolfuun hamilee barattootaarratti dhiibbaa uumeera.

Dogoggorootni ilaalchaa beekuunis ta'e osoo hinbeekiin barsiisotaanis ta'e barattootaan darbanii darbanii calaqqisiifaman, barattootni tokko tokko dhiphina keessa akka galan godhaniiru.

Yeroo garaagaraatti dhiibbaan loogaan walqabatee barattootarra ga'u, miira sodaa keessa akka galan gochuun hirmaannaa isaan daree keessatti qaban hiri'iseera.

Darbee darbee Sababa ilaalcha loogaan dhiibbaan barattoota tokko tokkorra ga'u, waa'ee looga naannoosaaniirratti miirri gad'aantummaa akka itti dhaga'amu taasiseera.

Haalli itti fayyadama loogaa barsiisotaa rakkoo madaallii ykn milkaa'ina barnootaa barattootaaf sababa ta'eera.

Barsiisotni looga maatii barattootni irraa dhufeeffannoo kennuun barsiisuu dhabuun, barattootarra darbee hawaasa/ maatii isaaniirratti rakkoo xiinsammuu uumeera.

Dogoggora ilaalcha loogaan, barattootaafi barattoota akkasumas barattootaafi barsiisota gidduutti walitti bu'iinsi uumamu rakkoo naamusa daree barnoota afaaniif sababa ta'eera

Goolabaafi Yaboo

Kaayyoon guddaa qorannichaa, dhiibbaa haalli itti fayyadama loogotaa, Afaan Oromoo barachuurratti qabu maal akka fakkaatu xiinxaluun rakkoolee barnoota afaanii keessatti mul'atan

adda baasuu dha. Ragaaleen xiinxalamanii dhiyaatan akka mul'isanti, haalli itti fayyadama loogaa hubannooratti akkasumas ilaalchotni garaagaraa adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti calaqqisiifaman hamilee barattootaarratti kan dhiibbaa geessisaa jiran ta'uufi adeemsa afaan barachuu gufachiisaa kan jiranii rakkoolee barnoota afaaniitiif kan sababa ta'an ta'uutu hubatame. Dhiibbaaleen itti fayyadama loogaan walqabatanii hubannoo barattootaa hanga ta'e daangeessan, keessumattuu, iftoomina dhabuufi qaawwi waliigaltee afaan dubbii ta'e barreeffamaa keessatti uumamandha. Gama kaaniin, dhiibbaaleen sababa ilaalchota garaagaraa loogaan walqabatanii calaqqisiifamaniin beekaas ta'e osoo hinbeekiin looga waliirratti kolfuufi qoosuun, dhiphinni, sodaa akkasumas miirri gad'aantummaan barattoota tokko tokkoratti mul'atu, hamilee isaanii miidhamuun fedhiifi hirmaannaa isaan barnootaaf qaban hir'isaa kan dhufe ta'uu ragaan jiru agarsiisa. Rakkooleen sababa haala itti fayyadamaanis ta'e dhiibbaalee loogaan, barattootarra darbanii xiinsammuu hawaasaa miidhaa jiran akkasumas dhimmoota madaallii ykn milkaa'ina barattootaafi naamusa waliin walqabatanii uumamanii jiranis xiyyeeffannoo barbaadu.

Kanaafuu, rakkoolee itti fayyadama loogaan walqabatanii barnoota afaanii keessatti mul'atan kanneen furuu keessatti, keessumattuu barsiisaan malleen garaagaraa fayyadamuun, gama tokkoon, dhiibbaa hubannoo barnootaa barattootaa waliin walqabatee mul'atu hambisuuf, dubbii ta'e barreeffama keessatti haalli itti fayyadama jechootaa barsiisaa seenduubee muuxannoo loogaa barattootaa garaagaraa kan gidduugala godhatu ta'uun, carraa walhubannoo bal'isuufi qaawwa waliigaltee duuchuun, hirmaannaa barattoota afaanii daran mirkaneessuu kan danda'u yeroo ta'u gama kaaniin, garaagarummaan loogotaa akka hir'inaatti otoo hinta'iin qabeenyaatti fudhatamuu akka qaban barattootaaf hubannoo kennuun hamiifi maq-balleessiin itti fayyadamtoota loogoota garaagaraa gidduu akka hin jiraanne gochuun, barnoota isaanii ofitti amantaa (confidence) gaariin akka hordofan xiin-sammuu isaaniirratti hojjachuu ni qabaata. Dhimmamtootni kaawwan kanneen akka: dhaabileen barnootaa, sagantaa leenjii muuxannoofi hubannoo itti fayyadama loogotaa cimsu qopheessuu, sadarkaa biyyoolessaan sirna barnootaa fooyyeessuu (tokkoomsuu) akkasumas haala ogeessoota afaanii garaagaraa hirmaachisaa ta'een imaammata itti fayyadama loogaa qajeelchu qopheessuu akkasumas afaan karoorsuurratti hojjachuun fala ta'a.